ABCON – Research & Consulting
Social, marketing & opinion researchers

AFRO BAROMETER 1999-2019
20 years of giving voice to Africans

Addis Ababa, Ethiopia

Hagayya 19 2012

News release

Itiyoophiyaanoonni fooya'insa seera biyyitti afaan mootummaa federaalaa dabaluu fi marsaa muumicha ministeera daangessu ,qoqoodinsa/hiramuu jijjiiramoota biroo ni deegaru.

Mootummaan federaalaaa afaan/qooqawwan hedduu gochuuf Muummichi ministeeraa marsa lamaan daangessuu fi seera biyyittii fooyyesuuf akka barbaadan qorannoon Afirobaaroomeetrii haaraan ni agarsiisa.Haata'u malee dhuunfaan abbaa qabeenyummaa lafaa, mirga ofii ofiin murteessuu ,seeraa mana murtiittii,hasxaa biyyolessa fi sadarkaa magaalaa guddittii bulchiinsa magaalaa finfinnee fi haalawwan irratti hiramuun/qoqoodinsi uumameera.

Irra caalaan akka jedhaniti seerri bakka buufamuurra ykn haaromsuura fooyya'uu qabadha .Fedhiin itiyoophiyaa ammayyoofte kan calaqisiisuu fi lammiileen kamiyyu yeroo adeemsi seerra irra deebiin ilaalamu mariisifamuu qaba.

Afaan Amaariffaatti dabalamee afaan hojii mootummaa federaalaa akka dabalamu,muumichi ministeera marsaa lamaan daanga'ee akka dhaabbatuu fi seeri mana murtii mana mare federeeshinii irraa adda bahee dhaachuu baayinaan ni deeggaru.

Qoranichi beektoota siyaasaa gidduutti yaada waldhahaa kan ture seeraa baheru ilaalchisee deegarsa deegartoota beekamoo tokko tokkoo, akkasumas mormitoota muraasa agarsiisa. Isaan kana keessaas mirga hiree ofii ofiin murteeffachu sabaaf sab-lammootaa ,mirga abbummaa qabiyyee lafa nama dhunfaa dheeressu fi hasxaa gidduu Alaabaa biyyoolessaa irratti argamu dhabamsiisuu/haquu fi keeyyata 39 dhabamsiisuu of keessatti hammata.

Akaa firii qorannaa kanatti haala siyaasa haaraa Itiyoophiyaa keessatti banamee adeemsifamaa jiru ilaalchisee seeraa kan ilaallatu wal falmii keessa akka jirudha. Waggoota laman darban akka argisiisutti mormitootan irra deebi'e kan waamame dhima jijjiirama seeraa fi uwwisa miidiyaa kan argate beektota siyaasan xiyyeeffannoon wal falmiin seeraa irratti gaggeeffameera.

Furtuu argannoowanii

- Harka 10n keessaa 7 Itiyoophiyaanotni (69%) fooyyainsa seeraa kan deegaran yoo ta'u 11%kan ta'an qofti akka gatamu/haqamu ykn akka bakka buufamu akka fedhanii fi dhibba keessaa 18% immoo otoo hin jijjiiramiin akka itti fufu qabu fedhu(fakkii 1).

Copyright ©Afrobarometer 2020

- Deebbii kenitootni Qorannoo kanaa baayyeen isaanii fooyya'insa seeraa dhiyyate
  irratti kan filatani kan armaan gadii hammata(fakkii 2)
  - Mootummaa Federaalaaf afaan hojii dabalataa dabaluu (73%)
  - Tajaajilli muummicha ministeeraa yoo baayyate marsaa lama qofaan dangessuu (68%)Seera mana murtii mana maree feedereeshinii irraa adda baasuun hundeessuu/dhaabuuf,aangoon hiika seeraaf kenname yeroo ammaa kana dha.
- Fooyya'insa karoorfamanii dhiyyatan, kan biro irratti kan mo'u deeggarsa xiqoo qofaani.
  - Itiyoophiyaanonni harka 10 keessa 4 (43%) kan ta;an mirga sabaa fi sab-lammootaa fi mirga namootni ofiin off-bulchuu ,foxxoquu fi mirga bulchiinsa naannoo ofii hundeeffachuu kan mirkaneessu keeyyata 39 dhabamsiisuu nideegaru.Haata'uu malee lammiileen gartokko (50%) wabii kana eeganii tursiisuu fedhu.

  - Deebii kenitootni baay'een dhima seera lafaa bahee jiru irratti lafti hundi lammiilee dhuunfan qabamuurra lafti hundi abbummaan mootummaan qabame seera barreeffame ammumma adda bahee jijiiruu(46%) ykn fooyyesuu/ suphuu (49%).

  - Itiyoophiyaanotni harka 10 keessaa 4 gadi (37%) kan ta'an hasxaa alaaabaa biyyoolessaa gidduu irraa akkaa haqamu /badu kan fedhan yoo ta'u , baayyeen(52%) immoo akka irraa hin haqamne nimormu.

  - Debii kenitoota keessaa harka 1 irra 3 (35%) qofti Finfinneen(Addis Ababaan)
    miseensa mana mare feedereeshinii akka taatu fedhu/yaadu. Baayyeen(54%)
    yaadicha ni mormu.
- Yeroo Fooyya'insa seeraaf filatamaan ilaalchisee harka 1 keessaa 3 (34%) filannoon biyyoolessaa dhufu gaggeeffamuun dura raawwachuu qaba kan jedhani, hanga walfakkaataa kan qaban battaluma filannoon raawwatamee booda (33%) ykn yoo xiqaate waggaa tokkoo booda .(29%) (fakkii 3)
- Harka caalmaatti /baayyinaan (92%)kan ta'an adeemsa yeroo fooyya'insa seeraa irrtti lammiileen kamiyyuu mariisifamuu qaba jedhaniiru(fakkii4).Gaggeesitoota siyaasaa filatamaniif murtoo fooyya'insaaf (7 %) qofaa dhifamuufii qaba (fakkii 4)

Copyright ©Afrobarometer 2020

QORANNOO AFIROOBAROOMEETIRII

Afiroobaroomeetri jechuun paan afirikaanii, paartii kam irrayyuu bilisa kan ta'e hidhata qorannoowwan kan qabu ta'e muxannoo raga amanamaa akka Afirikaatti dhiyyeessuudhanii fi madaallii Dimokiraasii ,Bulchiinsaa gaarii fi qulqulina jirenyaa/lubbuu irratti ,A.L.A.1998 hanga 2018 gidduutti hanga biyyoota 38 keessatti marsaa toorbaaf qorannoowwan gaggeffamanii rawwataniiru. Qorannoon marsaa 8ffaan bara 2019/2020 tti yoo xiqaate biyyoota 35 kessatti karoorfameera.Afiroobaroomeetriin af-gaaffii fulaa-fuulatti Afaan/qooqa deebii kennaan filateen bakka bu'oota biyyolessa iddatootaaf/samples kenna/gaggeessa.

Deegarsa Freedom House waliin ta'un , gareen Afiroobaaroomeetrii Itiiyoophiyaa keessaatti kan ABCON –Qorannoo fi Gorsaan gaggeeffamu ,Af-gaaffii namoota ga'eesota 2,400 Itiyoophiyaanotaaf ji'a sadaasaa bara 2019 keessaa fi Amajji 2020 taasifameera.Hangi iddattoo/Sample kanaa sadarkaa firiiwwan biyyaa daanga dogogora +/-2 argamsiisa.Harki 95% sadarkaa ofitti amanamummaa agarsiisa .Qorannoon darbee Itiyoophiyaa keessatti bara 2013 gaggeefame.

Chaartii

Fakkii 1.Seerri Itiyoophiyaa akkuma jirutti , haajijjiiramu,ykn bakka bu'uu qaba ? | Itiyoophiyaa | 2020 A.L.A



Gaaffii debistootni Gaafatamanii-Yaada kanneen keessaa ilaalcha keessanitti kan dhiyaatu kami?

Yaada 1: Seerri itiyoophiyaa ammaa akkuma jirutti haataa;u.Jijjiiramuunykn Fooyya'insii hin barbaachisan.

Yaada 2: : Seerri biyyattii ammaa akkuma jirutti haataa'u,garuu akka fedhii yeroo ammaa guututtii ha Fooyya'u.

Copyright ©Afrobarometer 2020

Yaada 3 : Seerri biyyattii ammaa akka baduu fi seera haaraan akka bakka bu;u

Fakkii 2.Fooyya'insa seeraa dhiyaateef deeggaruu ykn mormuu | Itiyoophiyaa | 2020 A.L.A



Deebii kennitootni gaafataman

- Seera amma jiru keessatti fooyyaa'insa tokko tokko ykn bakka buufamuu akka danda'u yadotiin baayyeen kennamaniiru/ dhiyaataniru.

- Jijjiiramuu *Seera itiyoophiyaa yeroo ammaa irrtti kanneen dhiyaatan keessaa , jijjiiramuu qaba kan jedhu degartuu moo mormitu ykn kana jechuuf ga'aatti waan dhageessan hin qabdan?*
    - *Uummatni sabaa fi sab-lammootaa mirga carraa ofii ofiin murteeffachuu ,foxxoquu fi mirga bulchiinsa mootummaa naannoo ofii hundeeffachuu kan mirkaneessu keeyyatani 39 haqamuu qaba .*

Copyright ©Afrobarometer 2020

- Danbiin Lafti hundi abbumaan mootummaa jalatti qabamee /jedhu dabalataan lammiilee dhuunfaa mirga abbummaa eegsisuuf jijjiiramuu ykn haqamuu qaba.
- Hasxaan alaabaa biyyoolessaa itiyoophiyaa gidduutti argamu haqamuu qaba.
- Afaan amaariffaatti dabalamee afaanotni biroon afaan hojii mootummaa federaalaa jedhamanii ramadamuu qabu.
- Mana mare feedereshinii irraa adda kan ta'e seerri mana murtii dhabbachuu qaba.
- *Finfinneen/Addis Ababaan/ federeeshinii keessatti miseensa biyyaa ta'uu qabdi.*

Yaadawwan armaan gadii keessaa ilaalcha keessanittii kan dhiyaatu kami?

Yaada 1:Seerri muummichi ministeeraa waajiira keessa yoo baayyate marsaa lamaaf akka tajaajilu danga'uu qaba.A

Yaada 2:Muummichi ministeeraa yeroo hagamiif akka tajaajiluu qabu seeraan daanga'ee taa'uu hin qabu.

Fakkii 3 : Yeroon fooyya'insa seeraa|jiraatota magaalaa fi badiyaan|itiyoophiyaa|2020 A,L.A



Deebii kenitootni gaafaataman: Seerii kan fooyyaa'u ykn madaalamu ta'e ,adeemsi kun kan raawwachuu qabu yoom isinitti fakkaata?

Copyright ©Afrobarometer 2020

Fakkii 4 :Madaalliin seeraa lammiilee hundaa waliin marii gaggessuu qaba ykn gaggeesitoota siyaasa filamaniif dhifamuu qaba ? | itiyoophiyaa | 2020 A.LA



Deebii kenitootni gaafaataman :Yaadota ibsaman keessaa isiniif akka ilaalcha keessaniitti kan dhiyatu kami?

Yaada1:Seera amma jiru fooyyesuuf ykn bakka buusuuf adeemsa madaallii seerichaa

yoo gaggeefame itophiyaanota kamiinuu waliin marii gaggeesuu qaba.

Yaada 2:Seerri itiyoophiyaa fooyya'uuf ykn bakka buusuun dirqama gaggeesitoota siyaata

filatamaniiti.Uummata itiyoophiyaa kamiinuu mariisisuun hin barbaachisu.

(% yaada tokko tokkoosaaf "itti waliin gala "ykn "baayyee ciminaan itti walii gala")

Copyright ©Afrobarometer 2020

For more information, please contact:

Mulu Teka
National Investigator
ABCON – Research & Consulting
Tel +251 973 077 414 , +251 115 531 470, +251 115 521 696, +251 115 537 061
mulu.mtg@gmail.com / info@abconltd.et
Addis Ababa, Ethiopia

Visit us online at:
www.abconltd.et
www.afrobarometer.org

Follow our releases on #Voices Africa.

/Afrobarometer

@Afrobarometer

Copyright ©Afrobarometer 2020